# سُورَةُ القَدْرِ
# Suuraa Qadrii

قبل كل شئ هذه هي سورة القدر

*Dura, dursoo ,suuran tun {suurtulqadri} je'amti.

وهى سورة مكية أو مدنية

*Isiin suura makkaati takkaa madiina'aat

وآياتها خمس

*Aayaanni isi'ii shani.

وعددها سبع وتسعون

*Lakkooysi isi'ii sagaltamii torba.

نزلت بعد سورة عبس

*Isiin eega {suuratu abasaatii} buute.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuutii.

إِنَّآ أَنزَلۡنَٰهُ فِي لَيۡلَةِ ٱلۡقَدۡرِ ١

**1}***Qur`aana kana walii gala isaa ta kkaa hunduma isaa lawhgalmahgfuu zhirraa fuuneti, halkan darajaa yookaa gatii guddoo qabu keessa samii lafatti gad aantutti buufnee, achi keenye, kan achirraa hanga amata diiddamii sadiyii keessatti ergamaa keenya Muhammadirratti, xiqqo xiqqoon buufne.

وَمَآ أَدۡرَىٰكَ مَا لَيۡلَةُ ٱلۡقَدۡرِ ٢

**2}***halkan qadrii qabu san maaltu ta kkaa eenyutu waan inni taye si beysise? yaa ergamaa kiyya Muhammad ? namni waan halkan sun taye,sii hiime hin jiruu. Nuutu sii himaa ,hunoo dhagayi

لَيۡلَةُ ٱلۡقَدۡرِ خَيۡرٞ مِّنۡ أَلۡفِ شَهۡرٖ ٣

**3}***halkan qadrii ,kan ,qur`aanni isa keessa buufame, halkan baatii kum tokkorra caalu, akkana jechuun dalagaa gaarii takkittii halkan qadrii san keessa dalagantu, salaata tayuu, sadaqaa tayuu, waan biraa tayuu, dalagaa gaarii baatii kuma tokko keessa dalaganirra sawaaba caalaa qaba jechu.

تَنَزَّلُ ٱلۡمَلَٰٓئِكَةُ

*halkan qadrii san, malaaykan samiidhaa, gara lafaa buuti,

وَٱلرُّوحُ فِيهَا

*Kan akkasuma jibriil cifraa isaatin wajji bu`u {ruuh} jechuun; jibriil jechu',

بِإِذۡنِ رَبِّهِم

*Malaaykonni sami'ii bu'uun ajaja Rabbii isaanitiini isaatu bu'aa je'ee ajaje,

مِّن كُلِّ أَمۡرٖ ٤

**4}***Waan Rabbiin mure ,takkaa hak ame rizqii tayuu waan biraa tayuu humii takkaa firdii halkan qadrii kanarraa,hanga amata dhufutti deemtu tan warra lafatti mu-

ramteen, warra lafaa kan itti muramterra, amrii Rabbii san qoodu`uuf, malaaykan sami`ii buuti.

سَلَٰمٌ هِيَ حَتَّىٰ مَطۡلَعِ ٱلۡفَجۡرِ ٥

**5}***halkan sun halkan nagayaatii kan kheyrii malee sharriin isa keessatti hin argamne ,halkan salaamta`aati ,kan malaaykan sami`ii buutu hundi nama mu`minarratti salaammattu malee bira hin dabarre, duuba Rabbiin halkan san keessa waan amata as deemu`uu taa`u keessa dalagamu hunda adda babaasee, gabroottan isaa warra lafarra qooda, halkan akkatti jaba`aa kun gaafam dhufa?.
Akka irra hedduun ulamaa`iidhaa je`anitti,laylatul qadri,baatii ramadaanaa keessa dhufa. jalqabarraa hanga dhumatti, halkan tokko ramadaanarraa, halkan qadrii tayuun ni mala, haatayuu kurnan ramadaanaa kan boodaa keessatti argamuun kajeelama,sanuu qari`irratti dhufuun akkaan khajeelama ,guyyaa diiddamii tokkoo, sadiyii ,shanii, torbaa, sagalii, keessa.
Ammoo namni gariin akki je`u : halkan qadrii amata keessaa halkan tokko tayuun ni mala, haa tayuu kan ramadaana keessa je`uutu irra jaba`a, wanni Rabbiin laylatul qadri, baatii ramadaanaa keessa dhidhimseef, kan kana hin je`in, akka isa qunnamu`uuf, halkan ramadaanaa hunda ibaadaa jabeessani`iifi, salaatafii waan biralle`een ,namni halkan san qunname du`aa`itti haa jabaatuu.alaaman halkan sanii oow`uufii qabbanaayuu dhabu'.

Du`aa`ii اللهم انك عفو تحب العفو فاعف عنى